

## Dambii Gurmaa'insaa fi Hojimaata Dhaddacha Manneen Murtii Oromiyaa

Lakk. 06/2011

Manneen Murtii Oromiyaa tajaajila abbaa seerummaa qulqullina qabu karaa dhaqqabamaa, si'ataa fi bu'a-qabeessa ta'een akka kennan dandeessisuuf gurmaa'inaa fi hojimata isaanii ammayyeessuun murteessaa waan ta'eef;

Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Fooyya'ee Bahe, Lakkoosa 216/2011, haala walsimatuun gurmaa'insaa fi hojimaata dhaddacha manneen murtii Oromiyaa sirreessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Manneen Murtii Oromiyaa hojii dhaddachaa hojimaata iftoomina fi itti gaafatamummaa qabu hordofanii akka hojjatan dandeessisuuf hojimaata iftoomina qabu diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Dhaddacha Ijibbaataa, Dhaddacha Dhaabbii fi Dhaddacha Naannawaa manneen murtii Oromiyaa sirna itti gurmaa'aniifi hojimaata isaanii akka haaraatti diriirsuun dhaqqabamummaa fi bu'aqabeessummaa tajaajila abbaa seerummaatiif murteessaa ta'ee waan argameef;

Manneen Murtii Oromiyaa tajaajila abbaa seerummaa kennaniin garaa gahinsa tajaajilamtoota fi amantaa ummataa dabalaafi horachaa akka deemaniif gurmaa'inaa fi bulchiinsa dhaddachaalee karaa bilisummaa fi itti-gaafatamummaa cimsuun fooyyessuun murteessaa waan ta'eef;

Bu'uura Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 216/2011 Keewwata 51(1) tiin Dambiin itti aanu baheera.

**KUTAA TOKKO  
TUMAALEE WALIIGALAA**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "*Dambii Gurmaa'insaa fi Hojimaata Dhaddachaa Manneen Murtii Oromiyaa, Lakk. 06/2011*" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika Jechootaa**

Akkaataan fayyadama jechichaa hiika biroo kan kennisiisuu yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

- 1) "Abbaa Dhimmaa" jechuun nama yookiin qama yookiin garee tajaajila manni murtii kenu argachuuf gara mana murtii dhufan ta'ee, kanneen akka himataa, himatamaa, falmii jidduu seenaa, murtii mormuun iyyataa, ol'iyyataa, deebii-kennaa, iyyataa, raga, yookiin abukaatoo ta'uun ni danda'a.
- 2) "Abbaa Seeraa Gargaaraa" jechuun ogeessa seeraa hojii abbaa seerummaa irratti abbaa seeraa gargaaree akka hojjatuuf Gumiidhaan muudamee ramadame jechuudha.
- 3) "Abbaa Seeraa Kaadhimamaa" jechuun ogeessa seeraa Abbaa Seeraa ta'ee akka muudamu Gumiin filatamee muudama Caffee eeggatu jechuudha.
- 4) "Abbaa Seeraa" jechuun ogeessa seeraa hojii abbaa seerummaa akka hojjatuuf Gumiin flatamee Caffeedhaan kan muudame Abbaa Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa jechuu dha.
- 5) "Dhaddacha Dhaabbii" jechuun dhaddacha mana murtii Oromiyaa magaala teessoo muummee mana murtichaan alatti keniinsa tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa fi bu'aqabeessa taasisuuf dhaabbiidhaan bakka birootti akkaataa hojimaata jiruun gurmaa'u jechuudha.
- 6) "Dhaddacha Ijibbaataa" jechuun dhaddacha Mana Murtii Waliigala Oromiyaa bu'uura Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Lakkoofsa 216/2011 Keewwata 25(f)tiin

gurmaa'ee dogongora bu'uuraa seeraa ilaalee murteessuuf aangoo qabu jechuudha.

- 7) “**Dhaddacha Naannawaa**” jechuun dhaddacha Mana Murtii Oromiyaa magaala teessoo muummee mana murtichaan irraa yookiin teessoo Dhaddacha Dhaabbii irraa, daangaa aangoo lafaa mana murtichaa yookiin dhaddachichaa keessatti, kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa fi bu'a qabeessa taasisuuf akkaataa sirna jiruutiin karooraan bakka birootti socho'ee yeroo murtaa'eef tajaajila abbaa seerummaa kennu yookiin kennuuf gurmaa'u jechuudha.
- 8) “**Dhaddacha**” jechuun qaama gurmaa'insa mana murtii ta'ee, aangoo abbaa seerummaa akkaataa seeraatiin hojiirra oolchuuf abbootiin seeraa itti moggaafamanii adeemsa seeraatiin dhimma dhiyaatuuf simachuudhaan, falmisisuudhan yookiin ilaaluudhaan kallattiin yookiin al-kallattiin iddo fi sirna ajaja yookiin murtii seeraa itti dabarsan jechuudha.
- 9) “**Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa**” jechuun hojii yookiin adeemsa hojii manni murtiitiin simanna tajaajilamaa fi tajaajila baniinsa galmees irraa eegalee hanga murtii kennuu, murtii raawwachiisuu fi ol-iyannoo keessummeessuu keessatti hojiawan hojjatamaniifi tajaajila kennaman hunda kan hammatu ta'ee, garagalcha adda addaa kennuu, ajaja dhaddachaa bahii taasisuu, odeeffanno gaafatamu tajaajilamaaf kennuu fi hojii dhaddachaa waliin tajaajila walqabatu hunda ni dabalata.
- 10) “**Nama**” jechuun nama uumamaa fi qaama seeraan namooma seeraa qabu ni dabalata;
- 11) “**Pirezidaantii Itti Aanaa**” jechuun Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 12) “**Pirezidaantii**” jechuun Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 13) “**Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii**” jechuun Dhaddacha Dhaabbii hundeffame tokko ol'aantummaan akka qindeessu fi bulchu, hojii akka karoorsu, hordofuufi to'atu, gabaasa akka dhiyeessuu, walumatti sochii hojii dhaddachichaa akka geggeessuu fi hojii biroo dhaddachichaan walqabatan akka hojjatuuf

dhaabbataadhaan yookiin yeroo murtaa'eef akka hojjatuuf abbaa seeraa muudamaan aangeffame jechuudha.

### 3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti koorniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiifis raawwatiinsa ni qabaata.

#### KUTAA LAMA

#### GURMAA'NSAA FI HOJIMAATA DHADDACHA MANA MURTII WALIIGALAA OROMIYAA

#### Kutaa Xiqqaa Tokko

#### Gurmaa'ina Dhaddachaalee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

### 4. Dhaddachalee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

- 1) Manni Murtii Waliigalaa Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa, Dhaddacha Yakkaa fi Dhaddacha Ijibbaataa ni qabaata.
- 2) Manni Murtii Waliigala Oromiyaa teessoo isaa Muummee magaalaa Finfinnee irraa tajaajila kan kenu ta'ee, Magaala Finfinneen alatti godinaalee Oromiyaa keessatti Dhaddacha Dhaabbii yookiin Dhaddacha Naannawaa gurmessuu ni danda'a.
- 3) Dhaddachaaleen Idilee fi Dhaddachaaleen Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa akkaataa armaan gadiin kan gurmaa'anii fi tajaajila kennan ta'a:
  - (a) Dhaddacha Waajirra Muummee magaala Finfinnee irraa dhimmoota godinaalee Oromiyaa Shawaa Lixaa, Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Kaabaa fi Godina Addaa Naanno Finfinnee irraa dhiyaatan;
  - (b) Dhaddacha Dhaabbii Oromiyaa Baha teessoo isaa magaala Adaamaa irraa dhimmoota Godinaalee Oromiyaa Shawaa Bahaa, Adda Adaamaa, Arsii, Harargee Lixaa fi Harargee Bahaa irraa dhiyaatan;
  - (c) Dhaddacha Dhaabbii Oromiyaa Kibbaa teessoo isaa magaala Shaashamannee irraa dhimmoota Godinaalee Oromiyaa Arsii Lixaa, Baalee, Gujii, Gujii Lixaa fi Boorana irraa dhiyaatan;

- (d) Dhaddacha Dhaabbi Oromiyaa Lixaa teessoo isaa magaala Naqamtee irraa dhimmoota Godinaalee Oromiyaa Wallaggaa Bahaa, Wallaggaa Lixaa, Horroo Guduruu Wallaggaa, Qellem Wallaggaa, Jimmaa, Buunoo Beddellee fi Iluu Abbaa Booraa irraa dhiyaatan;
  - (e) Dhaddacha Ijibbaataa Waajira Muummee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa magaala Finfinnee irraa godinaalee Oromiyaa hunda irraa dhimmoota ijibbaataaf dhiyaatan ilaaLEE tajajila kan kenuu ta'a.
  - (f) Dhaddachi Idilee yookiin Dhaddachi Dhaabbi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Naannawaadhaan magaala teessoo muummee jiru irraa socho'uudhaan godinaalee isaan jala jiranitti tajaajila kenuu ni danda'a.
- 4) Kan Keewwata kana Keewwatni Xiqqaan (1) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa tajaajila abbaa seerummaa bu'aqabeessa taasisuuf kan fayyadu ta'uun yoo itti amaname gosa dhaddachaa biroo dabaluun gumeessuu ni danda'a.
- 5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Gumiin akka barbaachisummaa isaatti Dhaddacha Dhaabbi biroo gurmeessuu yookiin ramaddii godinaalee Dhaddacha Dhaabbiitti tajaajilamanii irratti sirreffama barbaachisu taasisuu ni danda'a.
- 6) Dhaddachi kamuu baayina dhimmootaa, humana namaa fi qabeenya jiru irratti hundaa'ee Garee Dhaddachaa barbaachisan of jalatti gurmeessuu ni danda'a.

### Kutaa Xiqqaan Lama

#### Gurmaa'inna fi Hojimaata Dhaddachaa Ijibbaataa

### 5. Gurmaa'ina Dhaddacha Ijibaataa

- 1) Dhaddacha Ijibbaataa dhaddacha tokko ta'ee, Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Duraa fi Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaatiin gurmaa'ee hojji dhaddachichaa kan hojjatu ta'a.

- 2) Dhaddachi Ijibbaataa baay'ina dhimmootaa, humna namaa, leecaalee fi loojistikii jiru tilmaama keessa galchuun gosa dhimma addaa addaa kan ilaalan Garee Dhaddachaa of jalatti qabaachuu ni danda'a.
- 3) Dhaddacha Ijibbaataa Qindeessaa tokko ni qabaata. Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa fi Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Boodaa Geggeessaa Dhimma Dhaddachaa mataa ofii ni qabaatu.
- 4) Gareen Dhaddachaa walittiqabaa fi abbootii seeraa ni qabaata. Baayina hojji irratti hundaa'ee abbaa seeraa gargaaraadhaan yookiin ogeessa seeraatiin deggaramuu ni danda'a.
- 5) Teessoon Dhaddacha Ijibbaataa teessoo muummee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa ta'a. Dhaddachi Ijibbaataa dhaqqabamummaa mirkanneessuuf mala tekinoolojiitti fayyadamee fageenya irratti tajaajila kennuu ni danda'a.

## **6. Aangoo Dhaddacha Ijibbaataa**

- 1) Dhaddachi Ijibbaataa dhimma Naannoo murtii dhumaargate ofitti fuudhee ilaaluudhaan murtichi dogoggora bu'uuraa seeraa qabaachuu yookiin qabaachuu dhabuu isaa murteessuuf aangoo ni qabaata.
- 2) Dhaddachi Ijibbaataa iyyata dhiyaateef ijibbaataan ilaalee murtii jalaa cimsuu, fooyyessuu yookiin diiguu yookiin qajeelfamaan gadi deebisee akka irra deebiin ilaalamu ajajuuf aangoo ni qabaata.
- 3) Dhaddachi Ijibaataa akkaataa Dambii kana keewwata 11 jalatti tumameen aangoo murtii hiika seeraa dirqisiisaa ta'e kennuu ni qabaata.
- 4) Abbootii seera, dhaddachaalee fi manneen murtii naannichaa hunda hiika seeraa dirqisiisaa Dhaddachi Ijibbaataa kenu hordofanii hojjachuuf dirqama qabu.
- 5) Dhaddachi Ijibbaataa dhimma dhiyaateef tokko murteessuuf kan isa gargaaru ta'uu yoo amane hiika seeraa gaaffii kaasise irratti yaada ogeessaa dhaggeeffachuu yookiin qoranna geggeessuu ni danda'a.

## 7. Murtii Dhumaa

- 1) Dhimmi tokko Dhaddacha Ijibbaataaf dhiyaachuu yookiin dhiyaatee ilaalamuu kan danda'u dhimmichi mana murtii naannichaatti yookiin qaama naannichaa biroo aangoo abbaa seerummaa seeraan kennameef biratti ilaalamee murtii dhumaay yoo argate qofaa ta'a.
- 2) Murtiin tokko '*murtii dhumaay*' kan jedhamu yoo dhimmichi bu'uura seera dhimmi ilaaluutiin mana murtii naannichaa yookiin qaama naannichaa biroo aangoo abbaa seerummaa seeraan kennameef tokkoon murtii yookiin jala murtii yookiin ajaja carraa ol'iyyanno qabu fayyadamee fixate yookiin carraa ol'iyyanno hin qabne yookiin qaamni murticha yookiin jala murticha yookiin ajajicha kenne carraa keessa deebi'ee ilaaluu kan hin qabne yoo ta'ee dha.

## 8. Dogoggora Bu'uura Seeraa

- 1) Dhimmi murtii dhumaay argate tokko Dhaddacha Ijibbaataatiin kan ilaalamu danda'u, murtichi dogoggora bu'uuraa seeraa qabaachuun yoo amaname qofaa ta'a.
- 2) Murtiin dhumaay tokko '*dogoggora bu'uuraa seeraa*' qaba kan jedhamu, murtichi:
  - (a) Dogoggora hiikaa seera yookiin duudhaa seeraa yoo qabaate, yookiin seera ifatti tumame cabsee yoo argame fi dhiibbaa hin malle mirga namaa yookiin sirna seeraa irratti kan hordofsiise yoo ta'e; yookiin
  - (b) Seeraan ala bilisummaa fi mirga namoomaa bu'uuraa kan dhabsiise yookiin kan dhiphise yoo ta'e; yookiin
  - (c) Gar-malee haqa kan jallise yookiin dhabamsiise yoo ta'ee dha.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) fi (2) jalatti haala waliigalaatiin tumame akkuma eegametti ta'ee, murtiin dhumaay dogongora bu'uuraa seeraa qaban kan armaan gadii ni dabalata:
  - (a) Murtii dhumaay mirgoota namoomaa heeraan beekamtii argatan cabsuun kenname;
  - (b) Murtii dhumaay aangoo abbaa seerummaa yookiin/fi hundee dubbii osoo hin qabaatin kenname;

- (c) Murtii dhumaa seera bu'uuraa, seera deemsaa falmii, yookiin seera ragaa ifaatti tumame jiru dogoggoraan hiikuudhaan yookiin cabsuudhaan kennname;
- (d) Murtii dhumaa qabiyee isaatiin yookiin bu'aa hordofsiisuun waliigalteewwan idil-addunyaay biyyi Itoophiyaa raggaasifte cabsuun kennname;
- (e) Murtii dhumaa dhimma mana murtiitiin yookiin qaama biroo aangoo abbaa seerummaa qabuun murtii argachuu hin dandeenye irratti murtii kennname;
- (f) Murtii dhumaa hiika seeraa dirqisiisaa mana murtii aangoo seeraa qabuun kennname faallessuun kennname.

## **9. Dhimmoota Dhaddacha Ijibbaataaf Dhiyaachuu Hin Dandeenye**

Dhimmoonni armaan gadii Dhaddacha Ijibbaataatti dhiyaachuu hin danda'an:

- (a) Dhimmoota bu'uura Heeraa Federaalaa fi seera birootiin addatti Manneen Murtii Federaalaatiif kennaman; yookiin
- (b) Dhimmoota Naannoo murtii dhumaa hin arganne; yookiin
- (c) Murtii dhumaa falmii baasii fi kisaaraa yookiin yakka dambii darbuun walqabate.

## **10. Moggaafama Abbootii Seeraa Dhaddacha Ijibbaataa**

- 1) Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoон Duraa abbootiin seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa sadiitiin kan moggaafamu ta'a.
- 2) Dhaddacha Ijibbaataa Qorannaа Duraa irratti Pirezidaantii Itti Aanaan abbaa seeraa muudamaan dursa qabu yookiin gahumsaa fi naamusa ol'aanaa qabu walittiqabaa godhee ramaduu ni danda'a.
- 3) Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoон Boodaa abbootii seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa yoo xiqqaate shaniin kan moggaafamu ta'a.
- 4) Pirezidaantiin yookiin Pirezidaantiin Itti Aanaa dhimma ijibbaataaf dhiyaate kamiyyuu irratti walittiqabaa Dhaddacha Ijibbaataa ta'ee moggaafamu ni danda'a.

- 5) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (4) jalatti tumame akkuma eegameetti ta'ee, yeroo Pirezidaantiin yookiin Pirezidaantiin Itti Aanaa hin jirretti, walduraa duubaan kanneen armaan gadii walittiqabaa ta'anii moggaafamuu ni danda'u:
  - (a) Daarikteera Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa;
  - (b) Yoo inni hin jirre, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaataa;
  - (c) Yoo innis hin jirre, Geggeessaa Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaa;
  - (d) Yoo innis hin jirre, Abbaa seeraa Dhaddacha Ijibbaataa keessaa kan muudamaan dursa qabu.
- 6) Pirezidaantiin ulfina, walxaxiinsa yookiin faayidaa dhimmi dhiyaate qabu ilaaluudhaan yookiin barbaachisaadha jedhee yoo amane, Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaa abbootiin seeraa shaniin ol itti moggaafamaniin akka ilaalamu taasisuu ni danda'a.

## **11. Dirqisiisummaa Hiika Seeraa Murtii Dhaddacha Ijibbaataa**

- 1) Murtiiin Dhaddacha Ijibbaataa Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii dabalatee Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa yoo xiqqaate shaniin sagalee guutuun hiikaa seeraa ilaachisee dhimma naannoo irratti kennname abbootii seeraa fi Manneen Murtii Naanichaa hunda irratti dirqisiisummaa hiika seeraa ni qabaata. Abbootiin seeraa fi manneen murtii naanichaa hiika seeraa dirqisiisaa kennname hordofanii hojjachuuf dirqama ni qabaatu.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, Dhaddachi Ijibbaataa Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa dabalatee Abbootii Seeraa yoo xiqqaate shaniin moggaafame sababa amansiisaa ta'een hiika seeraa dirqisiisummaa qabu fooyyessuu yookiin jijiiruu ni danda'a. Hiikni seeraa haala kanaan fooyya'e yookiin jijiirames hiika seeraa dirqisiisummaa qabu ta'a.
- 3) Dhaddachi Ijibbaataa barbaachisaadha jedhee yoo amane, hiika seeraa irratti murtii dirqisiisaa kennun dura yaada ogeessotaa dhaggeeffachuu ni danda'a. Qorannaanyookiin mariin paanaalii abbootii seeraatiin irratti akka gaggeeffamu illee Pirezidaantiif yaada dhiyeessuu ni danda'a.

- 4) Pirezidantiin barbaachisaadha jedhee wayita amanetti, dhimma qajeeltoo ta'ee itti fufu irratti, dhimma abbootiin seeraa yaada garaagarummaa bal'aa irratti qaban irratti, yookiin dhimma hiika seeraa dirqisiisaa duraan kennamee ture jijiirsisuu irratti, kaka'umsa ofiitiin, yookiin iyyannoo yookiin yaada dhiyaate irraa ka'uudhaan, dhimmicha dhaddachi moggaafamee osoo hin ilaalin dura paanalii abbootii seeraatiin akka irratti mari'atamu taasisuu ni danda'a. Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti aanaa dabalatee Abbootiin seeraa marii paanaalichaa irratti hirmaatan hundi moggaafamanii dhimmicha murteessuu ni danda'u.
- 5) Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii dirqisiisaa hiika seeraa qabu Dhaddacha Ijibbaataan kennamu uummataa fi manneen murtiif karaa addaa addaa fayyadamee beeksisuu yookiin maxxansuu qaba.
- 6) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (5) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtiilee hiika seeraa dirqisiisaan kennaman karaa weeb-saayitii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa yookiin barruu dhimma kanaaf qophaa'u irratti maxxansuun yookiin xalayaa kololaatuudhaan yookiin karaa biroo mijataa ta'een manneen murtii yookiin uummanni akka beeku gochuu ni danda'a.

## **12. Aangoo Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Duraa**

- 1) Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Duraa iyyannoowwan komii ijibbaataa dhiyaatan ofitti fuudhee ilaaluudhaan kanneen dogongora bu'uura seeraa qabaachuu danda'an jedhe itti amane qofa calalee Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaatiin akka qorataman dabarsuuf aangoo qaba.
- 2) Iyyannoowwan komii ijibbaataa dogongora bu'uura seeraa hin kaasifne battalumatti yookiin beellamaan qoratee cufee deebisuu ni danda'a.
- 3) Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa iyyannoowwan ijibbaataa fuudhee ilaalee gara Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaatti dhiyeessisuuf ulaagaawwan Dambii kana keessatti tumaman madaaluu qaba.

## **13. Ulaagaa Calallii Iyyannaa Ijibbaataa**

- 1) Kan Dambii kana keewwata 8 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Duraa iyyata ijibbaataa dhiyaateef tokko Dhaddacha Ijibbaataaf dhiyeessisuuf ulaagaa armaan gadii gargaaramuuun madaaluudhaan ta'a.
  - (a) Dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataan murtii irratti kennamuun isaa hawaasa waliigalaatiif, yookiin dagaagina seeraatiif yookiin sirna seeraa Naannichaaf faayidaa ol-aanaa yoo qabaate;
  - (b) Dhimmoota walfakkaatoodhaaf murtilee fi hiikaa seeraa walfakkaataa ta'e kenuuf kan gargaaru yoo ta'e;
  - (c) Murtiin dhumaa komatame dogogora faayidaa dinagdee cimaa kan hordofsiise, yookiin mirga seeraa yookiin bilisummaa bu'uuraa edaa malee kan sarbe yoo ta'e;
  - (d) Dogogorichi faayidaa dinagdeetiin yoo ilaalamu xiqqaa dha kan jedhamu yoo ta'el ee garuu bu'aa hordofsiisu irraa kan ka'e dhaddacha ijibbaataan ilaalamee sirraa'uu qaba jedhamee kan amaname yoo ta'e; yookiin/fi
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, Dhaddachichi sagalee guutuudhaan sababa gahaa walgitaa biroo madaaluudhaan dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaatiin akka ilaalamu ajajuu ni danda'a.

#### **14. Hojimaata Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Duraa**

- 1) Iyyanna dhimma murtii dhumaa argate irratti dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jechuun dhiyaate tokko ijibbaataaf dhiyaachuu qabaachuu yookiin dhiisuu isaa iyyaticha, battalatti yookiin beellamaan qorachuudhaan yookiin/fi iyyataa irraa qaamaan dhagahee qulqulleeffachuudhaan, sababa isaa barreeffamaan ibsuudhaan, kufaa gochuun iyyataa geggeessuu yookiin iyyatichi ijibbaataaf dhiyaatee akka ilaalamu ajajuu ni danda'a. Dhaddachichi barbaachisaa ta'ee yoo arge galagalcha galmee jalaas fchisiisee ilaaluu ni danda'a.
- 2) Dhimmi murtii dhumaa argate tokko dogoggora bu'uuraa seeraa qabaachuu fi dhiisuu isaa qorachuudhaan, Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaatiif

dhiyaatee akka ilaalamu kan murteessu, bu'uura ulaagaa Dambii kana Keewwata 8 jalatti tumameen, madaalee ta'uu qaba.

- 3) Dhaddachichi iyyannichi ijibbaataaf dhiyaachuu qaba jedhee akkaataa keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) tiin yoo murteesse qabxii akka ilaalamu adda baasee ibsuu qaba.
- 4) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (3) tiin qabxii dogoggora bu'uuraa seeraa qaba jedhe ibsuudhaan garagalchi isaa iyata dhiyaatee waliin deebii kennaa akka gahu ni ajaja.

## 15. Hojimaata Dhaddacha Ijibbaataa Qorannoo Boodaa

- 1) Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Boodaa dhimma ijibbaataaf dhiyaate tokko iyyanna fi deebii kenname qoratee murtii kennuu ni danda'a.
- 2) Dhaddachichi yoo barbaachisaadha jedhee amane qofaa deebii irratti deebiin akka dhiyaatu ajajuu yookiin falmii afaanii garee bitaa fi mirga irraa qaamaan dhagahuu yookiin/fi galagalcha galmee jalaa dhiyeessisuun ilaalu ni danda'a
- 3) Dhaddachichi murtii dhumaa iyyanni irratti dhiyaate dogongora bu'uuraa seeraa qabaachuu fi qabaachuu dhiisuu isaa qoratee murtii jalaa diigu, fooyessu, cimsuu yookiin murticha diigee irra deebi'amee akka ilaalamu qajeelfamaan mana murtii jalaaf gadi deebisu ni danda'a.
- 4) Dhaddachichi iyyanna murtii dhumaa irratti dhiyaate yoo qoratu qabxii yookiin ijoo gaaffii dogoggora bu'uuraa seeraa kaasise adda baasee qabachuu qaba.
- 5) Dhaddachichi murtii kenu keessatti qabxiin yookiin ijoon qabatame kana hordofee murtiin dhumaa komatame dogongora bu'uuraa seeraa qabaachuu yookiin qabaachuu dhabuu isaa sababaa waliin ifattii ibsee barreessuudhaan ta'a.
- 6) Dhaddachichi murtii kenu keessatti firii dubbii, falmii garee bitaa fi mirgaa, gaaffii seerummaa dhiyaate, murtiin dhumaa komatame dogongora bu'uuraa seeraa qabaachuu yookiin qabaachuu dhabuu isaa xiinxalaa seeraa fi sababa waliin ifatti ibsuu qaba. Murtichi jal-murtii yookiin ajaja dhuma irratti irra gahe ifaan kaa'uu illee qaba.

- 7) Dhaddachi Ijibbaataa gochoota armaan gadii raawwachuudhaan murtii kennuu hin danda'a:
- (a) Falmii firii dubbii yookiin raga haaraa keessummeessuu,
  - (b) Ragaa biroo qaama dhimmi ilaalu irraa dhiyeessisuu, ragaa namaa irra deebi'ee dhagahuu,
  - (c) Miidhamaa dhuunfaa akka haaraatti jecha isaa fuuchuu, yookiin
  - (d) Ragaa jalatti dhiyaate irra deebiin madaaluu
- 8) Dhaddachichi murtii yookiin jalmurtii yookiin ajaja kamuu sagalee guutuun yookiin sagalee caalmaan kan kenu ta'a. Abbaan seeraa sagaleen adda bahe sababa isaa ibsuudhaan yaada addaan baatee barreessuu qaba.
- 9) Dhaddachi Ijibbaataa murtii kenne tokko manneen murtii jalaa dhimmicha sadarkaa duraa fi oliyyannaadhaan ilaalan akka qaqqabu ni taasisa.
- 10) Dhaddachi Ijibbaataa murtii kenne tokko manni murtii sadarkaa duraatiin yookiin oliyyannadhaan dhimmicha ilaale akka raawwachiisu ajajuu ni danda'a.

## **16. Garee Walfalmitootaa Dhagahuu**

- 1) Dhaddachi Ijibbaataa Qorannoo Boodaa garee bitaa fi mirgaa qaamaan dhiyeessuudhaan kan dhagahu yookin kan walfalmisiisu dhimmicha qulqulleessuuf yookiin qorachuuf barbaachisaadha jedhee yoo itti amane qofaa ta'a.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata 1 jalatti tumametti dhaddachichi garee bitaafi mirgaa dhagahuuf yoo murteesse:
- (a) Iyyataa fi deebii kennaa irraa sababa yookiin sababoota dogoggora bu'uuraa seeraa raawwatameera yookiin hin raawwatamne itti jedhu ni dhaggeeffata.
  - (b) Qabxii garee bitaa fi mirgaa irraa qulqulleeffachuu barbaadu kamuu gaafatee qulqulleeffachuu ni danda'a.
  - (c) Yaada ogeessa seeraa dhagahuun barbaachisaadha jedhee yoo itti amanes dhiyeessee dhagahuu ni danda'a.

## **17. Sirnaa fi Deemsa Dhaddachi Ijibbaataa Hordofu**

- 1) Seeronni aangoo, sirnaa fi deemsa hojii Dhaddacha Ijibbaataa ilaachisee tumaman akkuma eegametti ta'ee:
  - (a) Dhaddachi Ijibbaataa aangoo dhaddachi yookiin manni murtii kamuu akkaataa seerota deemsa falmii fi seerota birootiin qaban hundaa ni qabaata.
  - (b) Seeronni fi sirnoonni dhaddachaa hojiirra jiran Dhaddachi Ijibbaataa irratti raawwatiinsa ni qabaatu.

### Kutaa Xiqqaa Sadii

#### Gurmaa'insa Dhaddacha Idilee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

#### **18.Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa Mana Murtii Waliigalaa**

- 1) Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa dhaddacha dhimmoota hariiroo hawaasaa dhiyaatan ilaalee murtii kenu ta'ee; yoo xiqqate abbootiin seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa sadii itti moggaafamuun hojjetanii dha.
- 2) Baay'ina dhimmootaa, humna namaa, faayinaansii fi loojistikii jiru irratti hundaa'uun Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa Garee Dhaddachaa tokkoo fi isaa oli qabaachuu ni danda'a.
- 3) Dhaddachi Hariiroo Hawaasaa Gaggeessaa Dhimma Dhaddacha tokko, abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi hojjettoota deggarsaa hojii dhaddachichaa deggeruuf barbaachisan ni qabaata.
- 4) Gaggeessaan Dhimma Dhaddacha Hariiroo Hawwaasaa hojii Garee Dhaddachichaa ni qindeessa, ni karoorsaa, raawwi karoorichaa ni hordofaa, ni to'ataa, ni gabaasa.
- 5) Abbaa seeraa muudamaan dursa qabu yookiin abbaa seeraa dhaddacha akka walittiqabuuf ramadame Walittiqabaa Garee Dhaddachaa ta'ee ni tajaajila. Walittiqabaan Dhaddachichaas sochii guyyaa guyyaa dhaddachichaa geggeessuufi hordofuuf itti gaafatama ni qabaata.

#### **19.Dhaddacha Yakkaa Mana Murtii Waliigalaa**

- 1) Dhaddachi Yakkaa dhaddacha dhimmoota yakkaa dhiyaatan ilaalee murti ni kenu ta'ee; yoo xiqqate abbootiin seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa sadii kan itti moggaafamuun itti hojjetan ta'a.
- 2) Baay'ina dhimmootaa, humna namaa, faayinaansii fi loojistikii jiru irratti hundaa'uun Dhaddachi Yakkaa Garee Dhaddachaa tokkoofi isaa oli qabaachuu ni danda'a.
- 3) Dhaddachi Yakkaa Gaggeessaa Dhimma Dhaddacha tokko, abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi hojjettoota deggarsa hojji dhaddachichaaf barbaachisan ni qabaata.
- 4) Gaggeessaan Dhimma Dhaddacha Yakkaa hojji Garee Dhaddachicha ni qindeessa, ni karoorsaa, raawwii karoorichaa ni hordofaa, ni to'ataa, ni gabaasa.
- 5) Abbaa seeraa muudamaan dursa qabuu yookiin abbaa seeraa dhaddacha akka walittiqabuuf ramadame Walittiqabaa Garee Dhaddachaa ta'ee ni tajaajila. Walittiqabaan Dhaddachichaas sochii guyyaa guyyaa dhaddachicha geggeessuufi hordofuuf itti gaafatama ni qabaata.

#### KUTAA SADII

#### GURMAA'NSAA DHADDACHA MANA MURTII OL-AANAA FI MANA MURTII AANAA

#### **20.Tumaa Waliigalaa**

- 1) Manni Murtii Ol'aanaa fi Manni Murtii Aanaa Dhaddacha Yakkaa, Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa fi Dhaddacha Maatiifi Daa'immanii ni qabaatu.
- 2) Manni Murtii Ol'aanaa fi Manni Murtii Aanaa tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa, si'aayina fi bu'aqabeessa taasisuuf dhaddacha dhimma biroo barbaachisaa ta'an dabalataan gurmeessuu ni danda'u.

#### **21.Gurmaa'ina Dhaddacha Mana Murtii Ol'aanaa**

- 1) Dhaddachaaleen Mana Murtii Ol'aanaa baayina yookiin amala dhimmootaa, human namaa, faayinaansii fi qabeenya jiru irratti hundaa'uudhaan Garee Dhaddachaa tokkoofi isaa ol of jalatti gurmeessuu ni danda'u.

- 2) Dhaddachaaleen Mana Murtii Ol'aanaa Gaggeessaa Dhimma Dhaddacha tokko, ofiseroota seeraa fi hojjettoota deggersa hojii dhaddachaa deggeran ni qabaata. Dhaddachi abbaa seeraa gargaaraa fi ogeessa biroo illee qabaachuu ni danda'ama.
- 3) Gaggeessaan Dhimma Dhaddachaa hojii Garee Dhaddachaalee ni qindeessa, ni karoorsaa, raawwii karoorichaa ni hordofaa, ni to'ataa, ni gabaasa.
- 4) Abbaa seeraa muudamaan dursa qabuu yookiin abbaa seeraa dhaddacha akka walittiqabuuf ramadame Walittiqabaa Garee Dhaddachaa ta'ee ni tajaajila. Walittiqabaan Dhaddachichaas ochii guyyaa guyyaa dhaddachichaas geggeessuufi hordofuuf itti gaafatama ni qabaata.

## **22. Moggaafama Dhaddachalee Mana Murtii Ol'aanaa**

- 1) Dhaddachaaleen Mana Murtii Ol'aanaa yoo xiqaate abbootii seeraa sadiiin moggaafamuun kan hojjetan ta'u. Pirezidaantiin mana murtichaa abbaa seeraa muudamaan dursa qabuu yookiin kan gahumsaa fi naamusaan ol'aanaa qabu walittiqabaa dhaddachaa godhee ni ramada.
- 2) Bakka hanqinni abbaa seeraa mudatetti, abbaa seeraa gargaaraan yookiin abbaa seeraa kaadhimamaan tokko abbootii seeraa biroo waliin moggaaffamee yeroo murtaa'eef yookiin hanga hanqinni mulate furamutti, abbootii seeraa arka caalaa biroo waliin moggaafamee akka hojjatu Gumiin murteessuu ni danda'a.
- 3) Pirezidaantiin Mana Murtii Ol'aanaa dhaddacha Mana Murtichaa itti hojjetutti dhimma kamirrattuu walittiqabaa ta'ee moggaafamee hojjachuu ni danda'a.

## **23. Gurmaa'ina Dhaddacha Mana Murtii Aanaa**

- 1) Dhaddachaaleen Mana Murtii Aanaa baayina yookiin amala dhimmootaa, human namaa, faayinaansii fi qabeenya jiru irratti hundaa'uudhaan Garee Dhaddachaa tokkoofi isaa ol of jalatti gurmeessuu ni danda'u.

- 2) Dhaddachaaleen Mana Murtii Aanaa Gaggeessaa Dhimma Dhaddacha tokko, ofiseroota seeraa fi hoijettoota deggersa hojii dhaddachaa deggeran ni qabaata. Dhaddachi abbaa seeraa gargaaraa fi ogeessa biroo illee qabaachuu ni danda'a.
- 3) Gaggeessaan Dhimma Dhaddachaa hojii Garee Dhaddachaalee ni qindeessa, ni karoorsaa, raawwii karoorichaa ni hordofaa, ni to'ataa, ni gabaasa.
- 4) Abbaa seeraa muudamaan dursa qabu yookiin abbaa seeraa dhaddacha akka walittiqabuuf ramadame Walittiqabaa Garee Dhaddachaa ta'ee ni tajaajila. Walittiqabaan Dhaddachichaa sochii guyaa guyaa dhaddachichaa geggeessuufi hordofuuf itti gaafatama ni qabaata.

#### **24. Moggaafama Dhaddachaa Mana Murtii Aanaa**

- 1) Dhaddachaaleen Mana Murtii Aanaa abbaan seeraa tokkoo itti moggaafameen kan hojjatan ta'a.
- 2) Kan Keewwata kan Keewwata Xiqqaa (1) jalatti tumame yoo jiraates, dhimma hariiroo hawaasaa tilmaamni maallaqaa isaa 300,000.00 (kuma dhibba sadii) ol ta'e, yookiin dhimmi yakkaa hidhaa baaxiin isaa wagga 10 oliin adabsiisuu danda'u dhaddacha Abbootiin Seeraa sadii itti moggafamaniin kan hojjatu ta'a.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (2) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, Pirezidaantiin Mana Murtii Aanichaa baay'inni Abbaa Seeraa gahaan Mana Murtichaa keessa bakka hin jirretti Abbootii Seeraa lamaa waliin abbaa seeraa kadhimaamaa yookiin abbaa seeraa gargaaraan moggaafamee dhimmicha akka ilaalalu ajajuu ni danda'a.
- 4) Pirezidaantiin Mana Murtii Aanaa dhaddacha Mana Murtichaa kamirrattuu walittiqabaa ta'ee moggaafamee hojjachuu ni danda'a.

**KUTAA AFUR**

**DHADDACHA DHAABBII FI DHADDACHA NAANNAWAA MANNEEN MURTII  
OROMIYAA**

#### **25. Kaayyoo fi Barbaachisummaa**

- 1) Manni murtii tokko kenniinsa tajaajila abbaa seeraa irra caalaa dhaqqabamaa.  
Si'ataa fi bu'aqabeessa taasisuudhaaf dhaddacha Dhaabbii yookiin Dhaddacha Naannawaa gurmeessuu ni danda'a.
- 2) Dhaddachi Dhaabbii yookiin Dhaddachi Naannawaa sababoota armaan gadiitiif barbaachisaa ta'ee yoo argame gurmaa'u ni danda'a:
  - (a) Kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irra caalaa dhaqqabamaa, si'ataa fi bu'aqabeessa taasisuuf Dhaddachi Dhaabbii toftaalee biroo jiran irra isa fooyya'aa ta'ee yoo argame;
  - (b) Baasii fi dhamaatii gad-aanaadhaan tajaajila abbaa seerummaa bu'aqabeessa ta'e uummata tajaajilamuuf itti siqeentyaan kennuufi barbaachisaa ta'ee yoo argame; yookiin/fi
  - (c) Qabeenyaa faayinaansiifi namaa mana murtii madaalawaadhaan tajaajila abbaa seerummaa bu'aqabeessa kennuudhaan itti quufinsa tajaajilamtootni fi amantaa uummatni mana murtii irratti qabu dabaluuf kan gargaaru yoo ta'ee dha.

#### **26. Qajeeltoowwan Dhaddachi Dhaabbii Yookiin Dhaddachi Naannawaa Itti Gurmaa'u**

- 1) Dhaddachi Dhaabbii yookiin Dhaddachi Naannawaa tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa karaa bu'aqabeessa fi guutuu ta'een kennuun kan dandeessisu ta'uu qaba.
- 2) Dhaddachi Dhaabbii yookiin Dhaddachi Naannawaa gurmaa'u bu'aqabeessummaa tajaajila abbaa seerummaa magaala teessoo muummee mana murtichaa irraa kennamu irratti dhiibbaa cimaa kan hin qaqqabsiifne ta'uu qaba.
- 3) Sochii hojii Dhaddachi Dhaabbii yookiin Dhaddachi Naannawaa godhu keessatti bilisummaa fi itti gaafatamummaa qaama abbaa seerummaa fi dhuunfaa abbaa seeraa irratti miidhaa kan hin qabaanne ta'uu mirkanna'u qaba.

#### **27. Gurmaa'insa Dhaddacha Dhaabbii Mana Murtii Ol-aanaa fi kan Mana Murtii Aanaa**

- 1) Sadarkaa Manni Murtii Ol'aanaatti Dhaddacha Dhaabbi gurmeessuun kan danda'amu haalewwan armaan gadii yoo guutan qofaa ta'a:
  - (a) Magaala teessoo muummee mana murtii ol'aanichaa irraa fageenya raadiyeesii kilo meetira (km) saddeettama (80) keessatti tajaajila abbaa seerummaa uummata godinichaaf kenuun yoo hin danda'amne ;
  - (b) Dhimmoontni dhaddachichatti wagga tokko keessatti dhiyaachuu danda'an kan waliigalaatti mana murtii olaanichaatti dhiyaatu keessaa %25 fi isaa ol yoo ta'e; fi
  - (c) Qabeenya namaa fi faayinaansii akkasumas loojistikii dhaddachicha haala bu'aqabeessa ta'een hojjachuu isa dandeessisu jirachuun yoo mirkanna'e.
- 2) Sadarkaa Manni Murtii Aanaa dhaddacha dhaabbii gureessuun kan danda'amu haalewwan armaan gadii yoo guutan qofaa ta'a:
  - (a) Magaala teessoo muummee mana murtichaa irraa fageenya raadiyeesii kiilomeetira digdama (20km) keessatti tajaajila abbaa seerummaa uummata aanichaaf kenuun yoo hin danda'amne;
  - (b) Dhimmoontni Dhaddachichatti wagga tokko keessatti dhiyaachuu danda'an waliigalatti Mana Murtii Aanichaatti kan dhiyaatu keessaa %25fi isaa ol yoo ta'e; fi
  - (c) Qabeenyi namaa fi faayinaansii akkasumas loojistikii dhaddachicha haala bu'aqabeessa ta'een hojjachuu isa dandeessisu jirachuun yoo mirkanna'e.
- 3) Kan Keeewwata kana Keewwata Xiqqaaa (1) fi (2) jalatti tumaman yoo jiraatanis, manni murtii ol'aanaa yookiin manni murtii aanaa haalewwan armaan gadii keessaa tokko yookiin tokkoo ol yoo guutaman haala addaatiin Dhaddacha Dhaabbi gurmeessuu ni danda'a:
  - (a) Dhimmoota waliigalatti mana murtichaatti wagga tokko keessatti dhiyaatan keessaa uummata yookiin daangaa lafaa dhaddachichi tajaajilu irraa %40 ol dhaddachichatti dhiyaachuu kan danda'an yoo ta'e; yookiin
  - (b) Haalli sochii siyaasaa, diinagdee yookiin hawwaasummaa bakkichaa irraa kan ka'e dhaddacha dhaabbi gurmeessuuf haalli addaa dirqisiisu yoo jiraate yookiin yoo uumame; yookiin

- (c) Haalli teessumma lafaa yookiin haalli qilleensaayookiin rakkoo bu'uuraalee misoomaa kan akka daandii irraan kan ka'e tajaajila abbaa seerummaa magaala teessoo muummee mana murtichaa irraa kenuun dhaqqabamummaa mana murtichaa yookiin tajaajilaa irratti dhiibbaa cimaa qabaachuun yooo itti amaname; fi
- (d) Qabeenyi namaa fi faayinaansii akkasumas lojistikii dhaddachicha haala bu'aqabeessa ta'een hojjachuu isa dandeessisu jirachuun yoo mirkanna'a'e.

## **28. Deemsa Gurmeessa Dhaddacha Dhaabbii fi Dhaddacha Naannawaa**

- 1) Manni Murtii dhaddacha dhaabbii yookiin dhaddacha naannawaa gurmeessuun duratti dursee barbaachisummaa fi bu'aqabeessummaa dhaddachichaa irratti qoranno geggeessuu qaba.
- 2) Bu'aan qoranichaa kaayyoofi qajeeltoo dhaddachi dhaabbii yookiin dhaddachi naannawaa itti gurmaa'u hordofee barbaachisummaa fi haalewwan guutamuu qaban guutuun yoo mirkanna'a'e manni murtichaa yaada murtii dhiyeessee fudhatama yoo argate gurmaa'uu ni danda'a.
- 3) Dhaddachi Dhaabbii Mana Murtii Ol'aanaa kan gurmaa'uu yaadni murtii mana murtii ol'aanichaa irraa dhiyaatee Gumiidhaan yoo murtaa'e ta'a. Kan Mana Murtii Aanaa ammoo Gumii Godinatiif dhiyaate Gumiidhaan fudhatama yoo argate gurmaa'uu ni danda'a.
- 4) Manni Murtii Dhaddacha Dhaabbii akka gurmaa'uuf gaafatu karoora fi qophii barbaachisu hundaa jiraachuu isaa mirkanneeffachuu qaba.
- 5) Dhaddachi Dhaabbii tajaajila kenuu irratti argamu barbaachisummaan yookiin bu'aqabeesummaan isaa adeemsa keessa kan hir'ate yookiin kan dhabame ta'uu yoo hubatame qaama dhaddachicha gurmeesseen yeroodhaaf yookiin guutummaatti akka cufamu godhamuu ni danda'a.

## **29. Dhaddacha Naannawaa Manneen Murtii Oromiyaa**

- 1) Manni Murtii kamuu barbaachisaa fi bu'aqabessa ta'uun yoo itti amaname, dhaddachi idilee yookiin dhaddachi dhaabbii bakka teessoo hojii isaa irraa,

daangaa angoo lafaa isaa keessatti, gara bakka birootti yeroo hojichi barbaachisuuf qofaaf socho'ee Dhaddacha Naannawaatiin hojii dhaddachaa akka hojjetu murteessuu ni danda'u.

- 2) Hojiin dhaddachaa tokko Dhaddacha Naannawaatiin hojjatamuu kan danda'u sababoota armaan gadiitiif barbaachisaa ta'ee yoo argame qofaa ta'a.
  - (a) Dhimmootni ilaalamani, yookiin abbootii dhimmaa keessummaa'an, yookiin ragotaa dhagahaman baay'ina qabaachuu irraan kan ka'e bakka isaan jiranitti siquudhaan keessummeessuun baasiifi dhamaatii kan hambisu ta'uun yoo itti amaname, yookiin
  - (b) Dhimmoota yakkaa uumaman bakka/naannoo yakkichi raawwatetti yookiin himatamtootnii fi ragotni jiranitti siquudhaan xiyyeefannoodhaan yeroo gabaabaa keessatti furmaata itti kennuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame; yookiin
  - (c) Sababa walgitaa amansiisaa biroon yoo mudatee fi dhaqqabamummaa mirkanneessuuf barbaachisaa ta'uun yoo itti amaname.
- 3) Hojiin dhaddachaa Dhaddacha Naannawaadhaan hojjatamuu kan danda'u Pirezidaantiin mana murtichaa yoo murteesse ta'a. Pirezidaantiin yoo kana murteessu barbaachisummaa, bu'aqabeessummaa fi humna mana murtichaa akkasumas haala mijataa hojii dhaddachaaf jiraachuu mirkanneeffachuu qaba.

### **30. Hojimaata Dhaddacha Dhaabbii Yookiin Dhaddacha Naannawaa**

- 1) Dhaddachi Dhaabbii yookiin Dhaddachi Naannawaa bakka itti gurmaa'etti yookiin socho'ee hojjatutti tajaajila abbaa seerummaa guutuu ta'e kennuuf qaba. Dhimma dhiyaateef jalqabaa guyyaa dhimmi dhiyaatee irraa kaasee hanga dhimmichi murtii argatutti, darbees akka haala isaatti hanga murticha raawwachiisutti tajaajila kennuuf danda'uu qaba.
- 2) Dhaddachi Dhaabbii yookiin Dhaddachi Naannawaa sirnaa dhaddachaa, seera deemsa falmii, sirna bulchiinsa dhangala'iinsa dhimmootaa fi bulchiinsi mana murtii guutuummaattii hojiirra oolchuu qaba.

- 3) Dhaddachi Dhaabbii gurmaa'insaa fi caaseffama ittigaafatama isaa haala bu'aqabeessa ta'een bahachuu isa dandeessisu ni qabaata. Qindeessaa, abbootii seeraa, ogeessaa fi hojjataa deggarsaa barbaachisaa ta'an ni qabaata.
- 4) Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa caasaa humna namaa Dhaddacha Dhaabbiif barbaachisu qorachiisuun Gumiin raggaasisee hojirra oolchuu ni danda'a.

### KUTAA SHAN

#### AANGOO FI GAHEE HOJII QAAMOLEE HOJII KENNIINSA TAJAAJILA ABBA SEERUMMAA MANA MURTII

##### **31. Aangoo fi Gahee Hojii Perizidaantii Itti Aanaa**

- 1) Angoofi gaheen hojii Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaaf seerota biroon kennname akkuma eegamanitti ta'ee,
  - (a) Hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa (KTAS) ol'aantummaan ni hooggana;
  - (b) Kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa naannichaa ilaachisee imaammata, tarsiimoo fi karoora qophaa'e hojii irra ooluu ni mirkanneessa; yaadota fooyya'iinsaa hojii KTAS ni maddisiisa;
  - (c) Gurmaa'insa fi caaseffama dhaddachaalee fi ramaddii humna namaa yeroo yeroon sakkata'uun sirreffamni barbaachisaan akka godhamu ni taasisa;
  - (d) Kutaalee hojii KTAS, geggeessitoota hojii KTAS, dhaddachaalee, abbootii seeraa, muudamtoota fi hojjatoota deggarsaa hojii KTAS deggaran ol'aantummaan ni hooggana, ni qajeelcha, raawwii hojii isaanii ni madaala, kallattii hojii ni kenna.
  - (e) Hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaan walqabatan hojiwwan barbaachisoo biroo ni raawwata; ni raawwachiisa;
  - (f) Hojii KTAS ilaachisee hojii Pirezidaantii yookiin Gumii irraa kennamu ni raawwata; ni raawwachiisa.

- 2) Aangoo fi gaheen hojii Pirezidaantii Itti Aanaaf keewwata kana jalatti kennaman akka haala isaatti pirezidaantii mana murtii ol'aanaa fi kan mana murtii aanaatiif kan kennaman ta'a.

### **32. Aangoo fi Gahee Hojii Daayireekeera Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa Mana Murtii Waliigalaa**

- 1) Daayireekeeri KTAS itti waamamni isaa Perizidaantii Itti Aanaaf ta'ee, aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata.
  - (a) Kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa mana murtii ol'antummaan ni qindeessa; ni karoorsa, ni raawwachiisa, ni hordofa, ni gabaasa.
  - (b) Abbootii seeraa fi humna namaa biroo hojii KTAS deggaran/hojjatan, Pirezidaantii Itti aaanaa waliin mari'atee, hojiirratti ni ramada; ni hojjachiisa; ni to'ata; raawwii isaanii ni madaala;
  - (c) Abbootiin seeraa fi humna namaa isa jalaa jiran ogummaa isaanii akka guddifatan ni deggara, haala ni mijeessa, Waajira Gumii waliin ta'uudhaan leenjiis ni karoorsa; ni raawwachiisa;
  - (d) Gabaasa raawwii hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa hooggansa ol-aanaaf ni dhiyeessa;
  - (e) Hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa teekinooloojiin akka deeggaraman qaama ilaalu waliin ni hojjeta.
  - (f) Hojin Kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa qulqullinaan, si'oominaa fi bu'a qabeessummaa akka qabaatuuf qaamolee dhimmi ilaalu biroo faana waliin ta'uun ni hojjeta;
  - (g) Akkaataa sadarkaan qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irra caasaa itti fooyya'u irratti qoratee yaadota fooyya'iinsaa ni dhiyeessa; ni maddisiisa;
  - (h) Hojiilee biroo kenniinsa tajaajila abbaa seerummaan wal-qabatan pirezidaantii itti aanaa irraa kennamuuf ni raawwata.

- 2) Aangoofi gaheen hojii keewwata kana jalatti Daayirekteera KTASf kennaman akka haala isaatti Qindeessaa KTAS mana murtii ol'aanaafi kan mana murtii aanaaf kan kennaman ta'a.
- 3) Qindeessaa KTAS mana murtii ol'aanaa Pirezidaantii Mana murtii ol'aanaa fi Daayirekteera KTASf, Qindeessaan KTAS mana murtii aanaa immoo Pirezidaantii Mana murtii aanaa fi Qindeessaa KTAS mana murtii ol'aanaatiif itti waamama ni qabaata.

### **33. Aangoo fi Gahee Hojii Qindeessaa Dhaddachaa Mana Murtii Waliigalaa**

- 1) Qindeessaan Dhaddachaa itti waamamni isaa Daayirektarea KTASf ta'ee, aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Karoraa fi gabaasa dhaddachichaa qopheessuun Daayirekteera KTASf ni dhiyeessa;
  - (b) Abbootii seeraa fi humna namaa Dhaddachichatti ramadaman hojiitti ni galcha; hojiirratti ni hordofa; ni to'ata;
  - (c) Hojiin dhaddachichaa akkaataa karoora, sirnaafi qulqullina barbaadamuun hojjatamuu isaa ni mirkanneessa;
  - (d) Abbootiin dhimmaa sirnaan tajaajala barbaadan argachuu isaanii ni mirkanneessa;
  - (e) Akkaataa sirna bulchiinsa dhangala'iinsa dhimmootaa fi qajeelfama birootiin hojiin galmee dhimmootaa hojjatamuu ni hordofa;
  - (f) Gaggeessaa Dhimmaa, Walittiqabaa Dhaddachaa dhaddachicha, abbootii seeraa fi hojjataa deggarsaa dhaddachicha deggaran ni hoogana;
  - (g) Abbootii seeraa, gaggeessitootaa fi humna namaa dhaddachicha jala jiranii haala idilee ta'een ni mariisisa; bu'aa marii irraa argamu irratti hundaa'ee kallattii ni kaa'a, Daayirekteeraaf ni gabaasa;
  - (h) Dhimmoota seeraa fi hojimaataa mariin irratti barbaachisu adda ni baasa;
  - (i) Murtiin kennamu tilmaamamaa fi walfakkaataa akka ta'uuf ni hojjata;
  - (j) Dataa dhimmootaa fi raawwii qindeessee ni qabata;

- (k) Gabaasa raawwii dhaddachaa qindeessee torbaniin, ji'aan, kurmaanaan, ji'a jahaa fi waggaadhaan ni dhiyeessa;
- (l) Hojii KTAS waliin walqabatu, hojii biroo Daayirekteera yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa irraa kennamuuf ni raawwata.

#### **34. Aangoo fi Gahee Hojii Qindeessaa Dhaddachaa Dhaabbii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa**

Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa itti waamamni isaa Daayirekteera KTASf ta'ee, aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Dhaddacha Dhaabbii ilaachisee:
  - (a) Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa bakka bu'uudhaan Dhaddacha Dhaabbii ni hogganaa, qabeenyaa fi humna namaa ni bulchaa;
  - (b) Imaammata, tarsiimoo, karoora, dambiifi qajeelfama manni murtii waliigalaa baasu hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaa ni hordofa; ni mirkanneessa;
  - (c) Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa bakka bu'uudhaan qaamolee biroo waliin hojii Dhaddachichaa irratti ni hojjata;
  - (d) Abbootii seeraa fi humna namaa biroo Dhaddachichatti ramadaman ni Bulcha; naamusa isaanii ol'aantummaan ni to'ata;
  - (e) Hojii fi dhimmoota Dhaddacha sirnaan ni hoggana; akkaataa sirna dhangala'insa dhimmootaan hojjatamaa jiraachuu ni hordofa, ni mirkanneessa;
  - (f) Gabaasa raawwii dhaddachaa qindeessee torbaniin, ji'aan, kurmaanaan, ji'a jahaa fi waggaadhaan ni dhiyeessa;
  - (g) Haala sochii faayinaansii fi bulchiinsa qabeenyaa ni hordofa; ni to'ata;
  - (h) Hojiin dhaddachichaa akkaataa karoora, sirnaafi qulqullina barbaadamuun hojjatamuu isaa ni mirkanneessa; Raawwii isaas ni gabaasa;
  - (i) Abbootii seeraa fi humna namaa Dhaddachichaa idileedhaan ni mariisisa; ni hirmaachisa; Yaada fooyya'iinsaa karoora ni maddisiisa;
- 2) Dhaddacha Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa ilaachisee:
  - (a) Manneen murtii bu'uura dambii kana keewwata 4(3) jala jiraniin dhaddachicha jalatti ramadaman ilaachisee kallattii Pierezidaantiin Itti Aanaan kaa'uu

hordofee haala bulchiinsa dhangala'iinsa dhimmootaa irratti ni hooggana, kenniisa tajaajila abbaa seerummaa fooyessuu irratti ni hojjeta, qulqullina murtii fooyessuu irratti manneen murtii jala jiraniifi qaamolee alaa wajjin ni hojjeta, bilisummaa fi itti gaafatamummaa manneen murtii cimsuu irratti ni hojjeta;

- (b) Hanqinaalee fi rakkoo KTAS irratti manneen murtii Dhaddachicha jala jiran biratti mul'atan adda baasuudhaan qindeessee Pirezidaantii Itti Aanaa fi Daayirekteeraaf kallattin furmaataa akka itti kennamuuf yaada waliin ni dhiyeessa; Kallattii furmaataa kennamus hojiirra ooluu isaa hordofee ni mirkanneessa;
  - (c) Manneen murtii Dhaddachicha jala jiran irraa komii kenninsa tajaajila abbaa seerummaan wal qabatee dhiyaatu ni keessummeessa, Daayirektoreetii KTAS waliin ta'uudhaan furmaata itti kenna; humna isaa ol yoo ta'e, Perizidaantii Itti Aanaaf ni dabarsa.
  - (d) Baajata Dhaddacha Dhaabbii kanaaf ramadamu ni bulcha; karoora ni qopheessa; raawwii isaa ni hordofa; ni gabaasa;
  - (e) Hojii KTASn wal qabatee yaada fooyya'iinsaa ni maddisiisa; ni dhiyeessa; kallattii kaa'amu fudhatee hojiirra ni oolcha;
  - (f) Hojiawan biroo karaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin kennamuuf hunda ni hojjeta.
- 3) Aangoofi gaheen hojii keewwata kana jalatti Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaatiif kennaman akka haala isaatti Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii mana murtii ol'aanaafi kan mana murtii aanaaf kan kennaman ta'a.
  - 4) Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii mana murtii ol'aanaa pirezidaantii mana murtii ol'aanaatiif; Qindeessaan dhaddacha dhaabbii mana murtii aanaa immoo pirezidaantii mana murtii aanaaf itti waamama ni qabaatu.

### **35. Aangoo fi Gahee Hojii Geggeessaa Dhimmaa Hojii Dhaddachaa Mana Murtii Waliigalaa**

- 1) Gaggeessaan Dhimmaa Hojii Dhaddachaa itti waamamni isaa Qindessaa Dhaddachaaf ta'ee, aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata.
  - (a) Karoora fi gabaasa dhaddachichaa qopheessuun Qindeessaaf ni dhiyeessa;
  - (b) Abbootii seeraa fi humna namaa Dhaddachichatti ramadaman hojiitti ni galcha; hojiirratti ni hordofa; ni to'ata;
  - (c) Hojiin dhaddachichaa akkaataa karoora, sirnaafi qulqullina barbaadamuun hojjatamuun isaa guyyaa guyyaadhaan ni mirkanneessa;
  - (d) Galmeen dhimmootaa fi hojii dhaddachaa abbootii seeraa isa jala jiraniif ni gooda, yookiin qoodamuun ni mirkanneessa;
  - (e) Abbootiin dhimmaa sirnaan tajaajala barbaadan akkaataa dhufaatii/beellama isaaniitiin argachuu isaanii ni mirkanneessa;
  - (f) Akkaataa sirna bulchiinsa dhangala'iinsa dhimmootaa fi qajeelfama birootiin hojiin galmee hojjatamuun ni mirkanneessa;
  - (g) Walittiqabaa fi abbootii seeraa dhaddachaa fi hojjataa dhaddachicha deggaruuf ramadaman ni to'ata; Idileedhaan waltajjii umee ni mariisisa;
  - (h) Tajaajilli fi murtiin dhaddachaan kennamu tilmaamamaa fi walfakkaataa akka ta'uuf ni hojjata;
  - (i) Dataa dhimmootaa fi raawwii qindeessee sirnaan ni qabata; Qindeessee ni gabaasa; Daataan kun guyyaa guyatti sirna daataabeeziitiin qabamuun ni mirkanneessa;
  - (j) Gabaasa raawwii dhaddachaa qindeessee torbaniin, ji'aan, kurmaanaan, ji'a jahaa fi waggaadhaan ni dhiyeessa;
  - (k) Hojii KTAS waliin walqabatu hojii biroo Daayirekteera yookiin Qindeessaa irraa kennamuuf ni raawwata.
- 2) Aangoofi gaheen hojii keewwata kana jalatti Geggeessaa Dhaddachaa Mana Murtii Waliigalaaf kennaman akka haala isaatti Geggeessaa Dhaddachaa mana murtii ol'aanaafi kan mana murtii aanaaf kan kennaman ta'a.
- 3) Geggeessaan dhaddachaa mana murtii ol'aanaa Qindeessaa KTAS mana murtii ol'aanaaf, geggeessaan dhaddachaa mana murtii aanaa immoo Qindeessaa KTAS mana murtii aanaaf itti waamama ni qabaatu.

### **36. Ittigaafatamummaa Bulchiinsa Mana Murtii**

- 1) Bulchiinsi manni murtii tokko Dhaddacha Dhaabii yookiin Dhaddacha Naannawaa wayita gurmeessu haalaa fi naannoo hojii mijeessuu, akkaataa nageenya dhaddachaa kabachiisuuf haala mijeessuu, sirna dhangala'a dhimmootaa hojiirra ooluu mirkanneessuu, sirna hordoffii, to'annaa fi gabaasaa dirirsuu fi hojiirra oolchuu fi qaamolee mootummaa fi hawaasaa waliin walitti dhufeenyaa hojjachuu qaba.
- 2) Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii fi Dhaddacha Naannawaa yookiin manni murtichaa haala hojii dhaddachichaa mijeessuu fi bu'aqabeessa taasisuuf, karaa bilisummaa mana murtii fi abbootii seeraa hin tuqneen, deggersa qaamolee biroo argachuuf qindoominaan hojjechuu qaba.

### **KUTAA JAHA TUMAALEE ADDAA ADDAA**

### **37. Haala Naannoo Hojii Dhaddacha Mijeessuu**

- 1) Manni murtii kamuu bakka, waajjira, galma dhaddachaa, kutaalee hojii fi meeshaaleen hojiif barbaachisaa ta'an mijeessuuf yookiin guutuuf hojjachuu qaba.
- 2) Manni murtii nageenyii fi mijaa'inni naannoon hojii dhaddachaa yeroo hundaa eegamuu fi kabajamuu isaa mirkanneessuuf hojjachuu qaba.
- 3) Dhaddachi bakkaa, kutaa fi naannoo hojii tajaajila abbaa seerummaaf hin mijanne yookiin tuffachiisan, nageenya dhaddachaa fi abbootii seeraaf hin mijanne yookiin qaama birootti hirkatanii yookiin kutaa qooddatanii yookiin naannoo hojii amala hojii dhaddachaaf hin mijanne keessatti hojjachuun irraa hin eegamu.

### **38. Dhaddacha Ifaa Ta'een Hojii Gaggeessuu**

- 1) Manni Murtii kamuu dhaddachi hojii isaa iftoominaan gaggeessuu akka danda'uuf haala mijeessuu qaba.
- 1) Abbaan seeraa dhaddacha ifaatti hojii dhaddachaa gaggeessuuf dirqama qaba.

- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti fi seerota birootiin tumame akkuma eegametti ta'ee, dhimmoota armaan gadii irratti dhaddachi hojii isaa dhaddacha cufaadhaan gaggeessuu ni danda'a:
- (a) Nageenya biyyaa fi hawaasaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame;
  - (b) Safuu hawaasaa fi jirenya dhuunfaa garee walfalmitootaa eeguuf jecha barbaachisaa ta'uu yoo amane;
  - (c) Iccitii maatii eeguuf barbaachisaa ta'uu yoo amane; yookiin
  - (d) Dhimma daa'immaniin kan walqabatu yoo ta'e.

#### **39. Maqeffama Dhaddacha Dhaabbii fi Dhaddacha Naannawaa**

Dhaddacha Dhaabbii fi Dhaddacha Naannawaa maqaa mana murtichaa fi iddo dhaddachichi itti hundeffame haala ibsuun maqeffamuu qaba.

#### **40. Dambii fi Qajeelama Raawwatiinsa Hin Qabne**

- 1) Dambiin yookiin qajeelamni tumaalee Dambii kanaan walitti bu'u kamuu dhimmoota Dambii kanaan hammatan ilaachisee raawwatiinsa hin qabaatu.
- 2) Hojimmatnii fi murtiin bulchiinsaa tumaalee Dambii kanaan walitti bu'u kamuu dhimmoota Dambii kanaan hammatan ilaachisee raawwatiinsa hin qabaatu.

#### **41. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dambii kana raawwachiisuuf Qajelfama yookiin maanuwaalii barbaachisu baasuu yookiin qopheessuu ni danda'a.

#### **42. Hojiirra Oolmaa Dambichaa**

Dambiin kun guyyaa **Hagayya 29, bara 2011** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Hagayya 29, 2011

Finfinnee

Dasaa Bulchaa

Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa fi Walittiqabaa Gumii Bulchiinsa  
Abbootii Seeraa Oromiyaa